yeroo tuuta jinnii irraa taate gara keetti erginee Qur'aana sirraa dhaggeeffatanu...)[15] *jedhe irraayyi.*

Yeroo nuti Rabbii fi ergamaa isaatti amannu ergamaan Rabbii waahila koo kanaan 'ati dirree wa'ii irratti duuta. Caalaan jarreen yeroo sana dachii keessa jiranuus dhufee si awwaala.' Jedhaniin.' jedhee itti hime. Umaris hanga farda isaarraa kufuuf ka'u tokkotti boo'e." jedha Fiyaad binu Muhammad.

Kitaabonni duraanii hoo waa'ee Umar maal dubbatan?

"Akkan kitaaba Tawuraat[16] keessaa dubbisetti samii fi dachiin waggoota afurtamaaf Umar ibnu Abdulaziiziif boossi."

(Khaalid Ar-raabi'ii)

Ibnul-jawziin kitaaba isaanii "Seenaa Umar ibnu Abdulaziiz(siiratu Umar ibnu Abdul'aziiz)" jedhu keessatti waa'ee Umar ibnu Abdul'aziizkitaabonni duraanii maal dubbatan isa jedhuuf ragoolee hedduu dhiheessu. Mee jara keessaa hanga ragaatiif haa ilaallu.

Namni Maalik jedhamu tokko yeroo himu "Beekaan beekamaan Maalik ibnu Diinaar *'Tawraatiin keessatti Umar*

---

15 Suuraa Ahqaaf (Boq. 46 Lakk. 29).

16 Hordoftoota amantaa Kiristaanaa biratti "Ooritii" jedhamee beekama.

ibnu Abdul'aziiz nama dhugaaf dhaabbatu ta'uu isaa dubbiseera' jechuun yeroo isaan himanu dhagaheera." Jedha.

Beekaan Khaalid Ar-raabi'ii jedhamanus "Akkan kitaaba Tawuraat irraa dubbisetti dachii fi samiin waggoota afurtamaaf Umar ibnu Abdul'aziiziif niboossi." Jechuun himaniiru.

Kana malees guyyaa tokko ilmumti Umar ibnu Abdul'aziiz. Abdallah jedhamu. Moloksee amantaa kiristaanaa hordofu kan waggoota dheeraadhaaf moloksummaa keessa ture bira adeeme. Akkumanni adeemeenis fuula itti gara-galfatee gad of qabee dhaabbate. Sana dura namoonni jajjaboon hedduun beekumsa kitaabota duraanii barbaachaaf gara namticha kanaa ni dhufu ture. Garuu jaraaf gad of qabuu mitii jara hin mil'atuyyuu ture. Garuu har'a Abdallah ibnu Umar ibnu Abdul'aziiziifgad of qabuun isaa raajii ta'e.

Moloksichis haala jaraa waan hubateef "*Yaa Abdallah wantin gad of siif qabeef sababaa abbaa keetiiti. Nuti kitaaba keenya keessatti abbaan kee mootii haqummaan bulchuu fi dhugaaf dhaabbatu ta'uu ni beekna.*" Jedhee itti hime.[17]

[17] Siiratu Umar Ibnu Abdul-Aziiz; Ibnul-Jawzii.

Dhaloota isaa fi yeroo daa'imumaa isaa.

"Gosti hundinuu caalaa (filatamaa)[18] qaba. Filatamaan gosa Umawiyyootaa ammoo Umar ibnu Abdul'aziizi." (Muhammad binu Aliyyi binu Husayni)

Maqaan isaa guutuun "Umar ibnu Abdul'aziiz binu Marwaan binu Al-Hakam binu Abil-Aas binu Umayyata binu Abdi-Shamsi binu Abdi-Manaaf binu Qusayyi binu Kilaab..." jedhama. Gosti isaa Nabiyyii keenya Muhammad waliin Abdi-Manaaf irratti walitti gala.

Yeroon sun yeroo bulchiinsi warra Umawiyyootaa bakka bu'ummaa fudhatee biyya bulchaa jiru bara bulchiinsa mootii Abdulmalik ibnu Marwaan keessa ture.

Abbaan Umar (Abdul'aziiz ibnu Marwaan) yeroo sana biyya Misraa(Gibsti) irratti moosifamee achi jiraata ture. Haaluma kana keessatti haadha manaa jiruu fi jireenya isaatii akkasumas oomisha ilmaan isaatiif gaarii taatu fuuchuu barbaade. Gargaartota isaatiinis *"qabeenya koo qulqulluu taate diinaara 400 (dhibba afur) walitti naaf qabaa ittiinan haadha manaa ilmaan kootiif haadha gaarii taatu fuudhaa."* Jedhe. Jarris

[18]Bakka kanatti jecha "ashajju" jedhu fayyadaman. Hiikni jecha kanaa ammoo kallattiidhaan yoo ilaalle "godaannisa addarraa" jechuudha. Godaannisa addarraa kanaaf ammoo araboonni akka galumsa isaatti bifoota 30 olitti fayyadamu. Galmeessitoonni biroon ammoo jecha "Najiib" jedhus fayyadamaniiru. Sun ammoo hiikota jecha "ashajju" jedhuu 30n jiranu keessaa isa "caalaa (filatamaa)" jedhuun wal-simata.

tole jechuun walitti qabaniif. Innis qabeenya sanaan intala maqaan isii "Laylaa binti Aasim binu Umar Ibnul-khaxxaab" jedhamtu fuudhe. Ilmaan afur isiirraa argate. Isaanis:- Aasim,Muhammad, Abaa-Bakri fi Umar turan.

Walumaa galatti Umar ibnu Abdul'aziizbara 63 A.L.Hijraatti. Biyya Misraa ganda Halwaan jedhamtu keessatti abbaa isaa Abdul-Aziiz ibnu Marwaan fi haadha isaa Laylaa (Ummu Aasim) binti Aasim binu Umar Ibnul-Khaxxaab irraa dhalate. Bara daa'imummaa isaas achuma misratti maatii isaa biratti dabarse.

Guyyaa tokkoUmar ibnu Abdul'aziiz osoo gara kutaa abbaa isaatti seenaa jiruu fardumti abbaa isaa adda isaarra dhiitee dhiigseen. Abbaanis ilma isaarraa dhiiga haxaawaa jecha abaabayyuu ilma isaa Umar Ibnul-Khaxxab yaadatee ilma isaatiin *"Yoo gosa Umawiyyootaa keessaa nama godaannisa adda irraa qabu taateef milkoofteetta."* Jedheen.

Kanumaafuu seenaa keessatti barreessitoonni seenaa gosa Umawiyyootaa keessaa *'Abbaa godaannisa adda irraa.'* jechuun isa himu.

Maatiidhuma isaa biratti Qur'aana ijaanis xumaree qomattis qabate. Kitaabolee gaggabaaboo hadiisa, fiqhii fi kanneen biroo irraayis walitti qabate.

Daa'imummaa isaa keessatti guyyaa tokko isaadhaa akka malee gaddee boo'uu harmeen isaa itti dhufte. Yeroo sana reef Qur'aana ijaan xumura. Haati isaas boo'icha isaa agitee

rifattee maal akka ta'e gaafatteen innis boo'icha isaa daran dabalaa *"yaa haadha koo du'a yaadadheetani."* jedheen. Isiinis wanta tasumaa ilma isii daa'ima irraa eegde waan hin taaneef rifattee waliin boo'uu itti fufte.

Beekumsa amantaa kan naannoo jiraatu sanatti silaa argachuu qabu waan argateef Abbaan isaa Abdul'aziiz ibnu Marwaan akkanni bakka biraa deemee barnoota amantaa baratu barbaade. Umaris fedhii abbaa isaa hubatee gara Madiinaa adeemee achitti barachuu akka fedhu abbaa isaa hubachiise. Abbaan isaas gara Madiinaatti isa erge.

Imalaa fi dharraatii isaa kallattii beekumsaa keessatti.

Biyya Madiinaattis sheeka beekamaa Abiidullaah binu Abdallah jedhamanu biratti barnoota isaa eegale. Haala gaariidhaanis itti fufee osoo jiruu guyyaa tokko salaata irraa barfate. Sheekni isaas maaliif akka inni salaata irraa barfate isa gaafatan. Umaris rifeensi mataa isaa waan faaqqee isaa ciniinuuf rifeensa faaqqifachuun yeroo dheeraa itti fudhataeebarfannaa kanaaf akka isa saaxile isaaniif ibse. Sheeknis *"Mataa faaqqifachuutu salaata iraa boodatti si harkisaa*?!" jedhanii dheekkamsaan gara abbaa isaatti xalayaa barreessan. Abbaan isaas daddaffiin ergamaa isaa kaasee gara ilma isaa Umaritti erge. Hanga rifeensa salaata irraa boodatti isa harkise haaddatuttis akka isa hin haasofsiisne jala muree itti hime. Kanaafuu abbaa isaa bira dhufuuf rifeensa mataa isaa haaddate.

Ibnu Bakiir nama Ya'aquub jedhamu irraa odeessee akkas jedha. "Umar bara mootii ta'e keessa yeroo waa'ee sheeka isaa kanaa haasa'u'*Beektota hedduu irraa beekumsa fudhadheera. Garuu kanan beektota kaan irraa argadhe guutuun isaa hangan sheeka koo Abiidullaah binu Abdallaah irraa fudhadhee hin ga'u.*' jedha ture. Kana malees '*Osoo yeroo kana keessatti sheekni koo Abiidullaah binu Abdallaah lubbuudhaan jiraatanii waanan hojjedhu hunda keessatti ajaja isaanii jalaa hin ba'u.*' jedha ture." Jedha Ya'aquub.

Kana malees sahaabota jajjaboo fi taabi'iyyoota hedduu irraa beekumsa amantaa Islaamaa walitti qabateera. Akka fakkeenyaatti Anas ibnu Maalik, Abdallah binu Ja'afar binu Abii Xaalib, Saa'ib binu Yaziid, Sahli binu Sa'ad,Sa'iid Ibnal-Musayyab,Urwata, Abii Salamata binu Abdurrahmaan, Abii Bakri binu Abdurrahmaan, Aamir binu Sa'iid fi kanneen biroo irraas akka fudhate ni himama.

Kallattii biraatiin ammoo Hadiisa Rasuulaa beektota hedduu irraa odeeffatee fi beekumsa amantaa Isalaamaa kanneen akka fiqhii,faraa'idaa fi kanneen biroos beektonni adda addaa isarraa odeeffachuu fi barachuu danda'aniiru. Akka fakkeenyaatti Abuu Salamata[19], Abuu Bakri binu Hazmi, Rajaa'a binu Haywata,Az-Zuhdii, Anbasatu binu Sa'iid, Saalih binu Muhammad binu Za'idata Al-Laysiyyi, Abdul'aziiz binu Umar Binu Abdul-Aziiz[20], Sakhri binu

[19]Sheekolii isaa keessaa tokko kan ta'e.

[20] Ilmuma isaa.

Abdallaah binu Harmalata, Abdallah binu Umar binu Abdul'aziiz[21], obbolaa lamaan Usmaan ibnu Daawud fi Sulaymaan ibnu Daawud, Umar ibnu Abdul-Malik, Ya'aquub binu Utbata Binul-Mugiiraa, Yahyaa binu Sa'iid Al-Ansaarii, Maslamta binu Abdul-Malik Binu Marwaan, fi kanneen biroos hedduun ni waamamu.

Hawwii isaa

Jiruu daa'imummaa keessatti maatii haadha isaa Ummu Aasim bira gara Madiinaa ni dhufa ture. Yeroo tokko haadha isaa waliin gara Madiinaa dhufani. Yeroo xiqqoodhaafis achuma turani. Mana harmee isaa waliin keessa turan irraa gara mana eessuma isaa Abdallah ibnu Umar Ibnul-Khaxxaab deemuun eessuma isaa fi maatii eessuma isaa waliin walitti dhufeenya gaarii uumee ture.

Garuu wasiila isaa biraa gara haadha isaatti yeroo deebi'u yeroo mara haadha isaatiin *"Yaa harmee an akka eessuma kootii ta'uun barbaada."* Jedha ture.

Gidduudhuma kanaan Abdul'aziiz ibnu Marwaan gara haadha Umar (Ummu Aasim) tti xalayaa akka isiin ilmaan isaa fuuteefii gara Masrii dhuftu ajaju itti erge. Isiinis sababaa kanaaf Abdallah ibnu Umariin beeksifte. Abdallah ibnu Umaris yeroo deemtu ilma isii Umariin jara biratti dhiiftee akka deemtu gaafate. Isiinis tole jettee dhiiftee gara Misraa abbaa manaa isii (Abdul'aziiz) bira deemte.

---

[21] Ilmuma isaa.

Abdul'aziizis dhufiitii jaraa argee gammade.GaruuUmariin jara gidduudhaa dhabee "*Umar hoo?*" jedhee gaafate. Isiinis eessumman isaa biratti dhiiftee akka dhufte itti himte. Abdul'aziizis ni gammade. Gara obboleessa isaa Abdulmalikitti akkanni achumatti gargaaruun barreesseef. Abdulmalikis ji'atti diinaara 1000 akka ergamuuf taasisee achumatti tika taasisaniif.

Bultii ijaarrachuu Umar ibnu Abdul'aziiz.

Osoma maatii isaa waliin jiraatuu Yeroo xiqqoodhaan booda abbaan isaa Abdul'aziiz ibnu Marwaan gara Aakhiraadeeme (ni boqate). Wasiila isaa kan ta'e mootiin bara sanaa Abdulmalik ibnu Marwaanis akka inni hin rakkanneef isa waliin magaalaa Dimishqaa (Damaasqoo) akka jiraatuufofitti fudhatee ilmaan ofii waliin bakka tokkotti guddise.

Garuu Umar jiruu isaa keessatti nama kennaa addaa qabu waan ta'eef haala jiruu isaa fi naamusa isaa ilaalee wasiilli isaa Abdulmalik hanga ilmaan isaa caalaa... jedhamu tokkotti jaal'ataan ture.Wasiilli isaa kunis yeroo dulloomuu ofii baru intala ofii Faaximaa[22] jedhamtu itti heerumsiise. Umaris intala wasiila isaa fuudhee bultii ijaarrate. Ilmaan 15[23] (dhiira 12 fi dubara 3)s argate. Sana keessaas ilmaan 14

---

[22]Walaleessitoonni yeroo waa'ee isii dubbatanu "Intala khaliifaa kan akaakayyuun isiis khaliifaa Obboleettii khaliifotaa kan jaarsi isiis khaliifaa" jedhu ture.

[23]Isaanis; - Abdulmalik, Abdullah (kuufaa irratti moosifamee ture.), Abdul'aziiz(Makkaa fi Madiinaa irratti moosifamee ture.), Aasim, Ismaa'iil, Abiidullaah, Ishaaq, Ya'aquub, Yaziid,

isiirraa argate. Ilma isaa Ibraahim jedhamu dubartii biraarraa argate.

Bulchaa ganda Kanaasiirah ta'uu isaa.

Umar soddaa fi wasiila isaa kan ta'e waliin walitti dhufeenya jabaa fi isa birattis fudhatama guddaa nama qabu ture. Kanumaafi kan inni fedhii guutuudhaan intalasaa Faaximaa osoo abbootiin aangoo gurguddoon fi abbootiin qabeenyaa hedduun jiranuu dabarsee Umariif kenneef.

Abdulmalik bulchiinsa isaa keessatti Umariin hojimaata adda addaa irratti bobbaasee yeroo hedduu isa tilmaameera. Akkasumas murtii tokko dabarsuun duratti "*Yaa Abaa Hafsi*[24] *dhimma kana keessatti yaadni kee maali?*" jedhee gaafatu malee murtii kamillee akka hin dabarsine beektonni ni dubbatu.

Kanumarratti hundaa'uun mootiin Abdulmalik Umar hojimaata isaaf kenname haala dinqisiisaa ta'een bahachuun isaa fi yaadota dhiheessu keessattis yaadni inni kennu bilchaataa fi kan haqummaan akkasumas ogumaan guutame ta'uun isaa Abdulmalikiin akka malee hawwateera.

Kanaafuu[25] ganda xiqqoo biyya Shaam naannawa Halab jedhamuun beekamtu keessatti argamtu irratti bulchaa ta'ee

---

Waliid, Aadam, Ibraahiim, amiinaa, Ummu Ammaar, Ummu Abdallah.

[24] Maqaa kabajaa Umar ibnu Abdul'aziiziif kenname.

[25] Garuu sababaa muudamni kun kennafeef irratti barreessitoonni yaada garaagaraa kaayaniiru. Irra hedduun